# Tokkoon keessan manaama jaallatu yoo arge, inni Rabbi biraa waan ta’eef, Rabbiin haa galateeffatu, namattis haa himu, waan biraa kan hin jaallanne yoo arge immoo inni Sheyxaana irraayi, kanaaf sharii isaa irraa haa maganfatu, namattis hin himin, sun isa hin miidhu

Abuu Sa’iid Al-Khudrii irraa akka odeeffametti, Rabbi irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Tokkoon keessan manaama jaallatu yoo arge, inni Rabbi biraa waan ta’eef, Rabbiin haa galateeffatu, namattis haa himu, waan biraa kan hin jaallanne yoo arge immoo inni Sheyxaana irraayi, kanaaf sharii isaa irraa haa maganfatu, namattis hin himin, sun isa hin miidhu».
[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- manaamni gaarii fi gammachiisaa ta'e Rabbi biraa akka ta’e himanii, namichi sana irratti Rabbiin galateeffatee, akka namatti isa himu qajeelfama kennan, Waan jibbu fi gaddisiisu yoo arge ammoo, inni sheyxaana biraa waan ta'eef, sharrii isaa irraa Rabbitti maganfatee, namatti akka hin himne qqajeelfama kennan, inni isa hin miidhu, Rabbiin wanta dubbatame kana miidhaa abjuu sanaan dhufu irraa nagaa bahuuf sababa waan godheef jecha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee